



CARD

የመብቶች ጎድ ዲሞክራሲ ሰጪ ማዕከል
CENTER FOR ADVANCEMENT OF
RIGHTS AND DEMOCRACY

IMS




GOOD JOURNALISM | BETTER SOCIETIES

QAJEELFAMA NAGEENYA

GAAZEXEESSITOOTAA

HOJII ISAANII IRRATTI



Oopheessitoonni: Faasiikaa Taaddasaa | Daawwit Indaashaawu

BAAFATA

Waadura	1
1. Nageenya Gaazexeessitootaa Tiksuuf Seerota Tumamanii fi Golgaawwan Seeraa	5
2. Sakatta'insa Yaaddoo Balaawwanii (Risk Mapping).....	12
3. Karooraa fi Haal-duree Hojii	18
3.1. Xiinxala Maddeen Yaaddoo fi Karoora Yeroo Balaa ...	19
3.2. Hordoffii Jala Jiraachuu Keessan ykn Xiyyeffannoo Haleellaa Jala Jiraachuu Keessan Yoo Hubattan Ofeeggannoo Taasisuu Qabdan	25
3.3. Wayita Gabaasa Mormiiwwanii fi Hiriira Mormii Uummataa Taasifan Ofeeggannoowwan Gochuu Qabdan	29
3.4. Iddoowwan Waraanni Adeemsifamu Keessatti Ofeeggannoowwan Gochuu Qabdan	35
3.5. Yeroo Imalarra Jirtan Odeeggannoowwan Gochuu Qabdan	39


3.6. Butamuu Konkolaataa; Keellaawwan Sakatta'iinsaa fi Cuccufamuu Daandii	41
4. Hidhaa fi Butamuu	46
4.1. Balaawwan Uumamaa fi Dhibeewwan Mudachuu Danda'an	50
4.1.1. Dhukkuboota Tasaa	51
4.1.2. Balaawwan Uumamaafi Namtolchee fi Weerara Dhibee	52
4.2. Haleellaawwan Koorniyaa	54
5. Nageenya Odeeffannoo Teekinooloojiin Walqabatu (Digital Safety)	57
6. Miidhamtoota balaan dhiiguu irra ga'eef waldhaansa dursaa qaamaa fi qalbii gochuu	65
6.1. Miidhamtoota dhiigni isaanii dhangala'aa jiruuf gargaarsa wal'aansa jalqabaa taasisuu	66
6.2. Miidhaa Qorqalbi/Dararama Sammuu Wal'aanuu	70
7. Dabaleewwan	78
7.1. Dabalee 1: Eeruuwwan Dubbisa Dabalataa	79
7.2. Dabalee 2: Teessoowwan faayida-qabeeyyii	81

Waadura

Giddu galli Dagaagina Mirgootaa fi Dimokiraasii (CARD: Center for Advancement of Rights and Democracy) boor-diidhaan kan hogganamu, bu'aadhaaf kan hin hundeeffamne, akkaataa labsii jaar-miyaalee hawaasummaa lakk. 113/2011 tiin lakk. Galmee 4307 bara 2011 beekkamtii seeraa argatee jaar-miyaa hundeeffamedha.


Mul'anni CARD: Itoophiyaa duudhaaleen mirga namaa keessatti kabajamee; akkasumas, mirgoonni dimokiraasii keessatti dagaaganii arguudha. Lammiileen Itoophiyaa fi jaar-miyaaleen hawaasummaa biyyattii keessatti argaman kabajamuu mirga dhala namaatiif falmuudhaan sirni dimokiraatawaa ta'e akka jiraatu gumaacha isaan irraa eegamu gochuu akka danda'an; CARD, dhaabbata ijaarsa dandeettii isaanii irratti hojjachuu ergama isaa godhachuudhaan hojjachaa jirudha.

CARD qajeelfamoota qabxiilee shan of keessaa qaban baafatee, seerri ittiin bulan dimokiraasii qofa ta'uu akka qabu




amanuudhaan dhaabbata hojjachaa jiru yoo ta'u; CARD, pirojeektonni qajeelfamoota baafate shanan jalatti hojjataman hundi isaanii dagaagina aadaa sirna dimokiraasii Itoophiyaatiif shoora olaanaa taphatu jedheetu amana. Qajeelfamoonni kunniinis hirmaannaa lammiilee biyyattii cimsuu, dubartootaa fi dargaggoota ga'oomsuu, mirgoota fayyadama teekinooloojii hammayyaa, ogummaawwan hubannaa miidiyaa fi agarsiistuuwwan dagaagina dimokiraasii yoo ta'an; qajeelfamni nageenya gaazexeessitootaa kuni kan qophaa'e kaayyoowwan qajeelfama ogummaa hubannoo miidiyaa jalatti tarreeffaman galmaan ga'uuf ni gargaara yaada jedhurraa ka'udhaani.

Qajeelfamni kuni ijaarsa aadaa sirna dimokiraasii keessatti dandeettii fi daangaan miidiyaalee sub-qunnamtii akka jabaatu gochuuf deeggarsa ijaarsa dandeettii kennuu irratti kan xiyyeeffatedha. Kaayyoowwan isaa keessaa inni tokko dagaagina misooma ogummaa gaazexeessummaa milkeessuuf nageenyaa fi walabummaa isaan hojii irratti qabaniif gaaddisa ta'uun nageenya isaanii tiksuudha.



Nageenya gaazexeessitootaa tiksuudhaaf yaadamee qajeelfamoonni qophaa’an adda addaa jaarmiyaalee adda addaatiin kan qophaa’an ta’anis, xiinxala yaaddoo biyyattiin qabduu ofkeessatti hammachuudhaan qajeelfamoonni afaanota biyyattiitiin qophaa’an baay’uma hin jirani. Sanadootnii fi maanuwaaliiwwan barumsi ittiin kennamu adda addaa kutaawwan nageenya gaazexeessitootaa tiksuu irratti xiyyeeffatan ni qabu.

CARD qajeelfama mataasaa nageenya gaazexeessitootaa tiksuu irratti xiyyeeffate kana wayita qopheessu; kaayyoon isaa, gaazexeessitoonni wayita hojii isaanii hojjetan balaawwan adda addaatiif saaxilamuu waan danda’aniif balaawwan isaan mudachuu malu kanneeniif akkamitti qophaa’uu akka qaban, balaawwan kunniinis yoo isaan mudatan akkamitti of-baraaruu fi namoota isaan waliin hojjetanis ta’ee kanneen biroollee gargaaruu akka danda’an; akkasumas, miidhaawwan qaamaa fi qorqalbii balaawwan kanneeniin uumamaniif yaalii gochuuf maal gochuu akka danda’an; darbees, eessarraa gargaarsa argachuu akka danda’an eeruu kennuufidha. Kanaafuu,



qajeelfamni kuni qabxiilee armaan olitti tarreeffaman galmaan ga'uuf akka gargaaru abdi qabna.

Darbees, qajeelfamichi barruu wabii salphaa ta'ee fi harkatti qabatanii socho'uf illee mijataa ta'e waan ta'eef fudhatanii socho'uun barbaachisaa ta'ee yoo argame bakka fedhanitti fudhatanii socho'uun irratti mari'achuudhaaf haala mijataa ta'een waan qophaa'eef gaazexeessitootaaf faayidaa guddoo akka qabu ni amanna.

Kana malees, haala qabatamaa hojii gaazexeessummaa jijjiiramaa oolee-buluu fi sababa yaaddowwan hojii isaanii faana jijjiiramaa buluutiin jaarmiyaaleen birootis qajeelfama nageenya gaazexeessitootaa ittiin tiksan qopheessuu yoo fedhan, qajeelfamni kuni ka'umsa gaarii akka isaaniif ta'u abdi guddoo qabna.

**Giddu gala Dagaagina Mirgootaa fi Dimokiraasii (CARD)
Bitootessa, 2015**

1

Nageenya Gaazexeessitootaa Tiksuuf Seerota Tumamanii fi Golgaawwan Seeraa



Walabummaa miidiyaa fi mirgoota lammiileen yaada isaanii bilisaan ibsachuuf qaban heera biyyaa Itoophiyaa fi seerotaa fi waliigalteewwan idil-addunyaa Itoophiyaan mallatteessite adda addaa akkuma jiranitti ta'ee, wabiiwwan seeraa kunniin qabatamaan hojiirra ooluu irratti hir'inoota hedduutu jira. Sababii kanaanis gaazexeessitoonni wayita yaada isaanii bilisaan ibsatan dhiibbaawwanii fi miidhaawwan adda addaatu isaanirra ga'a.

Seerota mirga walabummaa yaada miidiyaalee fi ogeessota miidiyaa ni eegsisu jedhamanii adda-dureen eeraman keessaa heerri biyyattii jalqaba irratti argama. Keeyyata 29 irratti mirgi yaadaa fi ilaalcha dhuunfaa qabaachuu fi bilisaan ibsachuu bal'inaan tumamee jira.

Keeyyata 29 (4) jalatti akka tumametti, odeeffannoon, yaadotaa fi ilaalcha ofii bilisa ta'anii tarkaanfachiisuun akka danda'amu mirkaneessuuf miidiyaaleen akka dhaabata tokkootti walabummaa hojmaataa fi yaadota adda addaa keessummeessuu keessatti ga'umsa akka qabaatan eegumsi seeraa akka taasifamuufii qabu tumameera.

Haata’u malee, Mirgoota kanneen, fakkeenyaaf, “Nageenya dargaggootaa, kabajaa fi maqaa gaarii namoota dhuunfaa; akkasumas, miidhaawwan kabaja dhala namaarra ga’an ittisuuf” haala addaatiin haalli itti seeraan daangeffamuu danda’an akka jiraatu heera biyyaa keessatti tumameera.

Dabalataanis, heera biyyattii Keewwata 29(3) qorannoo waan hunda duraa kamiyyuu ittisuu irratti miidiyaalee sab-qunnamtii fi gaazexeessitoota walabummaa hojii fooyya’aa ta’e gonfachiiseera.

Itoophiyaan tumaawwan seeraa idil-addunyaa walabummaa yaadaatiin walqabatan fudhachuudhaan mirkaneesitee jirti. Itoophiyaan, namoonni dhuunfaa carraa mirgoota namoomaa bal’aa ta’anitti fayyadamuu akka danda’an gochuuf waliigaltee fi kakuu mirgoota namoomaa idil-addunyaa mallatteessuun bara 1984 garee waliigaltee seera idil-addunyaatti makamtee jirti. Kakuun waliigaltee seera idil-addunyaa Keewwatni 19 akka jedhutti, namni kumiyyuu yaada ofii bilisa ta’ee ibsachuuf mirga akka qabu ibsuun mirga yaada ofii bilisaan ibsachuu ni kenna.

Bara 1990 immoo, mirga dubbachuu dabalatee mirgoota namoomaa tiksuu fi beeksisuuf jecha chaartera mirgoota namoomaa fi uummattootaa biyyoonni Aafrikaa walii-galteedhaan qopheessan fudhachuu ishee mirkan-eessitee jirti. Chaarterichi Keewwata 9 irratti haala ICCPR waliin walfakkaatuun sadarkaa Ardii Aafrikaatti namni kumiyyuu mirga odeeffannoo argachuu akka qabaatu; akkasumas, mirga yaada ofii bilisaan ibsachuu fi tamsaasuu akka qabaatu eegumsa wabii seeraa kenna.

Bara 2013 fooyya'udhaan seera miidiyaa hojiirra oole, Abbaan Taayitaa Miidiyaalee Sab-qunnamtii Itoophiyaa seerota heera biyyattii keessatti tumamanii fi waliigaltee-wwan seera idil-addunyaa kan ittiin mirkaneeffame walabummaa yaada ofii bilisaan ibsachuu miidiyaaleen sabqunnamtii walabummaa yaadaa kana haala guutum-maa qabuun hojiirra oolchudhaan akka mirkaneessu haala mijataa uumuun akka irra jiraatu ni tarreessa. Heeyyamni fi galmeen ulaagaaleen Abbaa Taayitaa Miidiyaalee Sabqunnamtiis mirga yaada ofii bilisaan

ibsachuu irratti daangaa seeraa fudhatama hin qabne kaa'uu akka hin qabne ni eera.

Kutaan labsii mirgoota miidiyaalee sabqunnamtii tarreessu miidiyaaleen sabqunnamtii kamiyyuu adeemsa dirqama hojmaata ofii ba'achaa osoo jiruu hojii isaa keessa lixuudhaan, dhiibbaa irratti uumuudhaan, miidhaawwanii fi yaaddoowwan nageenya isaan irratti uumamu dabalatee faallaa heera biyyattii dhaabbachuudhaan hojmaata walabummaa miidiyaalee sab-qunnamtii miidhu yoo irratti raawwate, Mana Murtii Olaanaa Federaalaatti himachuu ykn iyyata seeraa dhiyeeffachuun akka danda'amu seeraan tumameera. Waan ifaan ifatti seeraan daangeffameen alatti hojmaanni walabummaa miidiyaalee sabqunnamtii danqu kamiyyuu ilaalchisee abbaan taayitichaa tarkaanfii bulchiinsaa fudhachuu irraa akka ofqusachuu qabu labiin seerichaa ni tarreessa.

Ammaan dura miidiyaaleen sab-qunnamtii gochaawwan maqa-balleessii wayita raawwatan adeemsi seeraa yakkaan isaan gaafachiisu ilaalchisee seerri miidiyaa bara

2013 tumame yaadicha fooyyessuun gochaan akkasii seera hariiroo hawaasaatiin akka ilaalamuu qabu murteesseera. Kunis ogeessota miidiyaalee sab-qunnamtii hidhaaf saaxii fi dararuudhaaf qaamolee adda addaatiin sochiiwwan taasifaman daangessuun yaaddoo ogeessota miidiyaalee hanga tokko hir'isuu danda'eera. Kana malees, gama miidiyaalee sabqunnamtiitiin nama ykn qaama gocha yakkaa raawwachuudhaan shakkame kamiyyuu akkaataa tumaawwan seera yakkaatiin osoo akka mana hidhaa keessa turu hin taasifamin qorannoowwan dabalataa himatichi kallattiidhaan karaa Abbaa Alangaatiin mana murtiitti dhiyaachuu akka qabu seerri miidiyichaa ni mirkaneessa. Raawwii isaa irratti hir'inni jiraatus fooyya'insi taasifame kuni wayita gaazexeessitoonni gocha yakkaatiin shakkaman adeemsi himannaa seeraa osoo hin eegalam in akka hidhaa keessa turan taasisuun hojmaata bal'inaan hojiirra oolaa ture sana akka jijjiiramu taasiseera.

Seerota miidiyaalee sabqunnamtii ammaan dura hojiirra turan tumaawwan seeraa iftoomina hinqabnee fi hiika falmisiisaa ta'e kan ofkeessaa qaban waan ofkeessatti

hammataniif; keessattuu, tumaawwan seeraa tokko tokko qaama raawwachiisaadhaaf hiika dogongoraa kennuu kan danda’an ta’uu isaanii yaada keessa galchuudhaan seeronni miidiyaalee sabqunnamtii dhiyeenya keessa fooyya’an irratti labtiin seeraa haasaa jibbiinsaa fi odeeffannoo sobaa tamsaasuu irratti labsame tumaawwan seeraa muraasa ta’an irratti fooyya’insi muraasni taasifameera.

2

Sakatta'insa Yaaddoo Balaawwanii (Risk Mapping)



Adeemsa barruu nageenya gaazexeessitootaa kana qopheessuu keessatti yaaddoon nageenya gaazexeessitootaa fi balaawwan wayita hojiirra jiran isaan mudachuu danda'an sakatta'uudhaaf namoonni 45 ta'an gaafannoo guutuudhaan yaada akka kennan taasifamaniiru. Gaazexeessitoota gaafannicha guutuu keessatti hirmaatan keessaa harki torbaatamni (70%) dhiirota yoo ta'an, kanneen hafan immoo dubartootadha. Kanneen keessaayis hedduun isaanii; jechuunis, 35.6% kanneen ta'an dhuunfaadhaan ykn miidiyaalee sab-qunnamtii dhuunfaa ykn kanneen daldalaaf hundeeffaman keessatti qacaramanii kanneen hojjetan yoo ta'an, 31.1% kanneen ta'an immoo miidiyaalee sab-qunnamtii uummataa ykn kan mootummaa keessatti kanneen tajaajilaa jiranidha. Kanneen hafan duraa-duubaan 17.8%, 11.1%, fi 4.4% kanneen ta'an ogeeyyii dhaabbata miidiyaa dhuunfaa isaanii, dhaabbilee miidiyaa biyya alaa fi buufataalee raadiyoo uummataa keessa hojjetanidha. Hirmaattota qorannoo sakatta'iinsaa kanneen keessaa 86.7% kanneen ta'an (lakkoofsaan namoonni 36) wayitii hojii idilee isaanii itti raawwatanitti

yaaddoowwan nageenyaa adda addaatiif saaxilamoo ta'uu isaanii ibsaniiru. Kanneen keessaayis 92.5% kanneen ta'an yoo xiqqaate si'a tokkoo fi tokkoo ol balaawwan adda addaatiif akka saaxilamanii turan ibsaniiru. Adda-dureedhaan waantonni hirmaattonni tarreessan: balaawwan nageenyaa, doorsifnii fi dhiibbaawwan adda addaa, hidhaan, miidhaan qaamaa (reebichi), doorsifnii fi maqa-balleessii miidiyaalee hawaasummaatiin irratti adeemsifamanii fi namoota eenyummaan isaanii hin beekamneen yaaliin iimeelii isaanii jalaa butuu taasifamuunii fi saamichi adda addaa isaan irratti raawwatamuu ibsaniiru.

Madda yaaddoo namoota kennanii isa jalqabaa ta'ee kan ibsame doorsisootaa fi dhaadannoowwan adda addaa ti. Namoota yaada kennan keessaa 80% ol kan ta'an doorsifnii fi dhiibbaawwan adda addaa akka isaanirra ga'e ibsaniiru. Sadarkaa lammaffaa irratti yaaddoon isaan ibsan hidhaa yoo ta'u, namoota yaada kennan keessaa 36% ol kanneen ta'an hidhaadhaaf saaxilamanii akka turan ibsaniiru. Kanneen hafan miidhaa qaamaa(reebicha), maqa-balleessii fi saamichi akka isaan irratti raawwate himaniiru.

Hirmaattonni yaada kennan madda yaaddoo nageenya isaanii sadarkaadhan ennaa ibsan qaamolee tika nageenyaa mootummaa irraa dhiibbaan isaanirra ga'u yaaddoo sadarkaa jalqabaa yoo ta'u, qaamolee miti-mootummaa fi kanneen adeemsa seeraan-alaatiin ijaaramanii jiran irraa miidhaawwan isaanirra ga'an sadarkaa lammaffaa irra kaa'aniiru.

Hirmaattonni yaada kennan kunniin dabalaniis, gama miidiyaalee hawaasummaatiin miidhaawwan isaanirra ga'anis heddummaachaa dhufuusaa ibsaniiru. Oorannoo sakatta'iinsaa kanaaf namootni gaafannoon dhiyaateef 43% kanneen ta'an fayyadamtoota miidiyaalee hawaas-aatiin akka haleellaan isaanirra ga'e ibsaniiru. Kunis haleellaawwan adabbii marsaariitiin taasifamaniin alattis; dabalataan, madda yaaddoo nageenya ogeessota miidiyaalee sab-qunnamtii ta'aa dhufuu isaanii agarsiisa.

Bu'aan qorannichaa akka agarsiisutti, gaazexeessitoonni Itoophiyaa keessatti hojjetan yaaddoo nageenyaa bal'aa ta'ee fi irra-deddeebiin isaan mudatu yoo qabaatanis,

gaazexeessitoonni kunniin leenjiiwwan yaaddoo nya-geenyaa fi balaawwan isaan mudatu ofirraa ittisuuf isaan gargaaru carraan ittiin argatan baay'ee dhiphoodha. Keessattuu ogeessonni miidiyaalee dhaabbilee miidiyaa biyya keessaatiif hojjetan carraa leenjicha ittiin argatan hin qabani. Ogeessonni miidiyaalee sabhoqunnamtii qorannicha keessatti hirmaatan hedduun isaanii; jechuun, 75.6% kanneen ta'an leenjii nageenyaa homaayyuu akka hin arganne kan ibsan yoo ta'u, kanneen hafan immoo carraa adda addaatiin, keessattuu tattaaffii ofii isaanii fi affeerraa dhaabbilee idil addunyaa fi dhaabbilee biyya keessaa misooma miidiyaalee irratti hojjetaniin leenjicha akka fudhatan ibsaniiru.

Waantota qorannichi agarsiisu keessaa inni tokko immoo, dhaabbileen miidiyaalee sabqunnamtii hedduun isaanii nageenya ogeessota miidiyaa isaanii eeguuf akka isaan gargaaru qajeelfama hojii tartiiba duraa-duuba hojii gaazexeessitoonni hordofuu qabani dhaabbata isaanii keessa kan hin jirre ta'uu isaati. Namoonni yaada kennan muraasni isaanii akka jedhanitti, qajeelfama

hojii dhaabbilee idil-addunyaa adda addaatiin qophaa'an fayyadamuudhaan kan hojjetan ta'uu isaanii ibsanis, qajeelfamoonni kunniin garuu afaanota birootiin kanneen qophaa'anii fi haala qabatamaa biyya Itoophiyaa keessa jiru kan hin agarsiifne waan ta'eef itti fayyadamuun hojjachuuf akka isaan rakkise eeraniiru.

3

Karoora fi Haal- duree Hojii





3.1. Xiinxala Maddeen Yaaddoo fi Karoora Yeroo Balaa

Iddoowwan nageenyaaf yaaddoo guddaa ta’an, fakkeenyaaf: bakka waraana, jeequmsaa fi tasgabpii dhabuun jiru gabaasa taateewwan achi jiranii hojjachuuf osoo hin deemin dura qophii ga’aa ta’e qaamaan, qorqalbii fi meeshaalee barbaachisaniin gochuun barbaachisaadha. Iddoowwan gabaasa hojjachuuf deemuuf karoorfatan dursanii odeeffannoowwan barbaachisan funaannachuun, haalota nageenyaaf yaaddoo ta’uu danda’an sirriitti qalbeeffachuu, xiinxaluu fi madaaluu; lakkoofsota bilbilaa namootaa fi jaarmiyaalee amanamoo ta’anii qindeeffachuu; iddoo sanatti rakkoon yoo uumamellee lakkoofsa bilbilaa nama dafee namaaf dhaqqabuun birmachuu danda’uu qindeeffachuu fi kkf qophiiwwan haal-duree keessatti eeramu.

Kana malees, hojicha ykn gabaasicha eegaluun dura qophii qaamaa fi qorqalbii hojicha madaaluu danda’uu qabaachuun barbaachisaadha. Waantota gabaasichaaf

barbaachisan; fakkeenyaaf, meeshaalee odeeffannoon gabaasichaa ittiin funaanaman guuttatanii of qopheessuun barbaachisaadha.

Iddoowwan gabaasicha hojjachuuf deemuuf karoorfattan fagoo yoo ta’an: haala nageenya iddoo sanaa, haala jiruuf jireenya uummatchaa fi aadaa isaanii dursanii hubachuun barbaachisaadha. Dabalataanis, iddoo gabaasicha hojjachuuf karoorfattan osoo hin deemin dursa gaazexeessitoota iddoo sanatti dhaabbataan hojjetan waliin hariiroo uummadhaa; odeeffannoo waljijjiiraa. Lakkoofsota bilbilaa murteessoo ta’an: lakkoofsa bilbila poolisii, lakkoofsa bilbila aanga’oota naannoo sanaa fi kan dhaabbilee fayyaa qindeeffadhaa.

Adeemsa odeeffannoo qindeeffachuu keessattis hanga danda’ametti waayee haala fayyaa bakka deemtan sanaa (tarii weerarri dhibee bakka sana yoo jiraate); akkasumas, haala qilleensaa fi misoomaalee bu’uuraa; fakkeenyaaf, daandii, hospitaalaa fi buufata poolisii ilaalchisee odeeffannoowwan bu’uuraa funaannadhaa.

Iddoowwan gabaasa hojjachuuf deemtan ykn haalaa fi iddoo ilaalchisee qorannoo haala nageenyaa dursanii taasisuun haalli yaaddessaan yoo jiraate ykn agarsiiftuuwwan yoo jiraatanii fi yaaddoowwan nageenyaa olka’anii yoo mul’atan hojicha ykn gabaasicha yeroo biraatti dabarsuun ykn haquun filatamaadha. Gabaasichaa olitti dursa argachuu kan qabu nageenya ofiiti.

Gorsa Murteessoo Ta’an Dabalataan



Gara Iddoo Hojii Gabaasichaatti

Imaluu Osoo Hin Eegalin Dursa:

- ➔ Barbaachisummaa gabaasa ykn dhimma hojjattanii waan gabaasa irratti hojjachuuf ga’aa ta’uusaa mirkaneeffachuun barbaachisaadha.
- ➔ Iddoo gabaasa hojjachuuf deemtan deemuu keessaniin dura qophii qaamaa fi qorqalbii ga’aa ta’e gochuu hin dagatinaa; akkasumas, fayyummaa guutuu qabaachuu keessan mirkaneeffadhaa.

- ⊕ Waayee iddoo deemuuf karoorfattanii dursaatii odeeffannoo guutuu ta'e sassaabbadhaa; yaaddoowwan jiran adda baafadhaa.
- ⊕ Hojicha irratti gaazexeessitoota muuxannoo qaban dursanii mariisisuu fi gabaasaalee walfakkaatoo hojjetanii beeku yoo ta'e mudannoo fi rakkoowwan isaan mudatan gaafachuun gorsa irraa fudhachuun barbaachisaadha.
- ⊕ Balaan ykn yaaddoon yoo isinirra ga'e akkaataa ittiin keessaa ba'uu dandeessan dursaanii filannoowwan adda addaa qopheeffadhaa.
- ⊕ Gabaasa hojjachuuf bakki deemuu qabdan yoo jiraate gaazexeessitoota bakka sana jiran waliin dursaatii hariiroo uummadhaa.
- ⊕ Qaamolee too'attoota miidiyaalee ta'an, kanneen dhimmi isaan ilaallatu irraa heyyama barbaachisaa ta'e fudhadhaa.
- ⊕ Akaakuuwwan geejjibaa bakka gabaasa hojjachuuf deemtan jiranii fi fayyadamuu dandeessan

adda baafadhaa; akkasumas, hoteela/bakka bultii keessa boqottan nageenyisaa eegamaa ta'usaa mirkaneeffadhaa.

- ⊕ Sabummaan, koorniyaa fi eenyummaan keessanii fi kan waahillan hojii keessanii yaaddoo nageenya bakka deemtaniitiif sababa ta'uu akka hin dandeenye dursaatii mirkaneeffadhaa.
- ⊕ Naannichatti walitti bu'insii fi namoota hin beekamneen butamuuf haalonni nama saaxilan akka hin jirre; akkasumas, aanga'oonni naannoo sana jiran ilaalchi isaan gaazexeessitootaaf qaban maal akka ta'e adda baafachuun hubachuu yaalaa.
- ⊕ Bakka gabaasa hojjachuuf deemtan yeroo turtaniif maalla isin ga'u, maallaqa ga'aa ta'e fudhattanii deemuu keessan dursaatii mirkaneeffadhaa.
- ⊕ Waraqaa eenyummaa gandaa, paaspoortii ykn gaazexeessaa ta'uu keessan waanta agarsiisu ofharkaa hin dhabinaa.

Xiinxalli yaaddoowwan nageenyaa fi of-eeggannoowwan dursa taasifamuu qaban, kanneen armaan olitti tarreeffaman kunniin si'a tokko qofa hojjetanii waan bira darbanii miti. Inumaayyuu, gaazexeessichi ykn aga-baasaan suni erga hojiitti bobba'een booda haalonni jiran akka dansaa fi of-eeggannoodhaan hubatanii daddafanii fooyyessuun barbaachisaadha.

Yaaddoowwan xiinxalaa armaan olitti tarreeffaman haala gaaridhaan erga guutamanii boodas sababoota hin-beekamne kamiinuu gaazexeessitootarra balaan, miidhaa fi hidhaan ga'uu akka danda'u dagachuun hinbarbaachisu. Kanaafuu, ogeessonni teessoo fi maloota qunnamtii maatii isaanii, nama yeroo rakkinaa waamamuu fi hoggantoota hojii isaanii of-harkaa qabaachuu akka qaban hubachuu qabu.

Dabalataanis, teessoo fi maloota qunnamtii bakka-bu'oota waldaalee ogummaa gaazexeessummaa; akkasumas, qa-amolee gaazexeessummaa fi mirgoota dhala namaa irratti hojjetanii qabaachuun ni barbaachisa.



Adeemsa Hojii Gabaasichaa Keessatti

Yaaddoon Nageenyaaa Yoo Somudatan:

- ➊ Sochiiwwan dabalataa balaa sana hammeessuu danda'an irraa of-qusadhaa
- ➋ Hogganaa keessan haala keessa jirtan saffisaan beeksisaa
- ➌ Tooftaa icciitiidhaan yaada wal-jijjiirtan fayyadamuun hogganaa keessan ykn namoota dhimmicha keessa beekan waliin icciitiidhaan odeeffannoo wal-jijjiiraa



3.2. Hordoffii Jala Jiraachuu Keessan ykn Xiyyeeffannoo Haleellaa Jala Jiraachuu Keessan Yoo Hubattan Ofeeggannoo Taasisuu Qabdan

Jalqabarratti qorannoo haal-duree haala nageenya bakka deemtanii taasifтанis yeroo kamiyyuu bakka hundatti

naannoo jirtan sana of-eeggannoo fi xiyyeeffannoo gudaadhan hordofuun barbaachisaadha. Iddoowwan deemtan sababoota adda addaatiin qaamoleen adda addaa haleellaa nageenya keessan yaaddoo keessa galchuu danda'u ykn sochiiwwan akkasii gochuu akka danda'u yaada keessa galfachuun dammaqinaan naannoo jirtan hunda hordofuun barbaachisaadha. Yaaddoowwan nageenyaa keessaayis hojii keessan gufachiisuuf jecha, keessattuu qaamolee tika nageenyaa mootummaatiin hordoffii cimaan taasifamu jiraachuu mala.

Kanaafuu, sochiiwwan naannoo jirtanitti shakkii fi yaaddoo keessa isin galchan yoo jiraatan tarkaanfiiwwan of-eeggannoo fudhachuu qabdan tarkaanfiiwwan baay'ee olka'aa fi fooyya'oo ta'uu qabu.



Kanneen keessaayis:

- ⊕ Yeroo bakka tokkoo gara bakka biraatti sochootan kophaa keessan hin deeminaa.

- ⊕ Bakki isin dhaqخان hundi bakka sochiin namoota jiru yoo ta'e filatamaadha; fakkeenyaaf, hoteela, restoraantii fi kaaffeewwan, kkf.
- ⊕ Iddoowwan walfakkaataa fi yeroowwan walfakkaataatti sochii taasifan hir'isaa; fakkeenyaaf, yeroon isin deemtan walfakkaataa yoo ta'e haala kana hir'isaa.
- ⊕ Nageenya konkolaataa ittiin deemtanii yeroo hunda mirkaneeffadhaa.
- ⊕ Iddoo deemuuf karoorfattan hogganaa keessanitti dursaatii beeksisaa, miseensa hojii keessanii baay'ee amantanitti ykn miseensa maatii keessaa nama waliin jiraattanitti bakka deemtan mara himaa.
- ⊕ Sochiiwwan naannoo keessanitti mul'atan; fakkeenyaaf, nama ykn konkolaataa ammaan dura hinbeekne yoo argitan isin hordofaa jiraachuusaa adda baafadhaa.
- ⊕ Nageenya keessaniif yaaddoo keessa yoo seentan nama dhuunfaa ammaan dura argitanii hinbeekne kamiyyuu kophaa keessan hin dubbisinaa. Akka

dubbifan haalli dirqisiisoo ta'an yoo uumaman nama amantan waliin ta'uudhaan bakka namoonni baay'een jiranitti dubbisaa.

- ④ Nageenya hoteela keessa boqottanii sirriitti mirkaneeffadhaa. Keessattuu balballi isaa sansalataan cufama yoo ta'e irra-deebi'aatii waan biraatinis cufadhaa. Balbalicha yaaliin banuu karaa alaatiin yoo irratti kan taasifamu ta'e akka isinitti dhaga'amu meeshaa sagalee dhageessisu harkee balbalichaa irratti fannisaa.
- ④ Wayita yaaddoowwan isin mudatan hogganaa keessanitti, miseensa hojii amantanitti, Waldaalee Ogummaa Gaazexeessummaatti; akkasumas, miseensa maatii keessaniitti beeksisaa.
- ④ Qaamolee seera eegsisan irraa amantaa yoo qabaatan waayee yaaddoowwan qabdaniin poolisiitti himaa; gabaasa taasisaa.



3.3. Wayita Gabaasa Mormiiwwanii fi Hiriira Mormii Uummataa Taasifan Ofeeggannoowwan Gochuu Qabdan

Gaazexeessitoonni mormiiwwanii fi hiriira uummataa gabaasuuf wayita bobba’an yaaddoowwan nageenyaa adda addaatiif saaxilamuu danda’u. Mormiiwwan uummataa bu’uurumarraa carraan gara walitti bu’iinsaatti jijjiiramuu isaanii bal’aa waan ta’eef adeemsa walitti bu’iinsichaa keessatti gaazexeessitoonni balaawwan salphaa hanga balaawwan gurguddootiif saaxilamuu danda’u. Yaaddoon inni gara biraa reebicha, hidhaa fi himata qaamolee tika nageenyaatiin isaanirra ga’uu danda’u ta’uu mala.



Himata Baratamoon:



1. Iddoowwan Dhorkaa Ta’an Darbanii Seenuu

Sochiiwwan adda addaa fi hiriirawwan mormii

wayita gabaasan waantota irra-deddeebiin gaazexeessitoota mudatanii hidhaa fi sababa himatamuutiif isaan saaxilan keessaa tokko iddoowwan dhorkaa ta’an darbanii seenuu kan jedhudha. Kanaafuu, sochiiwwan adda addaa fi hiriirawwan mormii wayita gabaasan haalota akkanaa irraa of-baraaruuf ykn balaa akkanaa ofirraa hir’isuuf wayita gabaasa hojjetan iddoowwan jiran sana bareechanii beekuu qabu. Iddoowwan dhorkamanii fi qabeenya namoota dhuunfaa keessa seenuu irraa of-qusachuu qabu.



2. Naamusaan-Ala Ta’anii Argamuu

Sochiiwwan adda addaa fi hiriira mormii wayita gabbaasan gaazexeessitoonni mormitoota waliin ta’uudhaan naamusa hintaane agarsiisudhaan, adeemsa nageenya kabachiisuu gufachiisuu fi danquudhaan waan isaanirraa hin eegamne raawwatan jedhamanii yeroo hedduu ni hidhamu. Qaamolee seera eegsisaniif ajajamuu diduu,

nageenya booressuu fi hidhaa mormuu waantonni jedhaman sababoota gaazexeessitoonni yeroo hedduu ittiin hidhaman isaan gurguddoodha. Kanaafuu, gaazexeessitoonni iddoowwan sochiiwwan adda addaa fi hiriirri mormii jiran gabaasa hojjachuuf wayita deemanii jiranitti miidiyaalee irraa dhufuu isaanii ykn gaazexeessitoota ta'uu isaanii waantota agarsiisan, waraqaa eenyummaa isaanii bakka sirriitti mul'atutti rarraafachuu fi ajajoota qaamolee nageenyaa seera eegsisanii hanga danda'ametti kabajuu fi qajeelfama isaanii hordofuun akka isaan hidhaa fi miidhawwan birootiif hin saaxilamne isaan gargaara.



3. Iyyama Malee Waraabbii Raawwachuu

Iddoowwan uummanni itti walga'u irratti qaamolee seera eegsisuu irratti argamanii fi namoota biroo bakka sana jiran suuraa kaasuu fi viidiyoon waraabuun dhorkaa ta'uu baatus, miseensonni poolisii hedduun isaanii wayita gaazexeessitoonni

suuraa kaasan ykn viidiyoo waraaban ennaa gaazexeessitoota too’annoo jala oolchan ni mul’atu. Haata’u malee, namni suuraa kaafame ykn viidiyoon waraabame akka haqamuuf yoo gaafate gaazexeessitoonni haquufii qabu; itti fufaniis adeemsa suuraa kaasuu fi viidiyoo waraabuu addaan kutuudhaan hidhaaf saaxilamuu irraa of-baraaruu qabu.

Dabalataanis, jeequmsaa fi miidhaa qaamaa qaamolee nageenya eegsisan irraa isaan mudatu ofirraa ittisuuf gaazexeessitoonni wayita iddoowwan akkanaatti gabaasa hojjachuuf argaman tarkaanfiiwwan ofeeggannoo dabalataa taasisuu qaban:

- ➔ Gabaasa hojjachuuf deemuun dura heeyyama hogganaa keessanii argachuu fi bakka deemtan sana eessa akka ta’e ifatti beeksisuun barbaachisaadha.
- ➔ Hanga danda’ametti waantota madda balaa ta’an, haalotaa fi sochiiwwan adda addaa irraa fagaadhaa.

- ④ Hiriirri osoo hin eegalamin dursaatii qaamolee nageenyaa/poolisii fi qaamolee hiriiricha qindeessan; akkasumas, hirmaattotatti gaazexeessaa ta'uu keessan beeksisaa.
- ④ Uffataa fi qoobii miidhaawwan isinirra ga'uu malu ittiin ofirraa ittisuu dandeessan hunda uffadhaa.
- ④ Uffata carqii irraa hojjatame ykn jiinsii uffadhaa; jiinsiin carraan ibiddaan gubachuusaa baay'ee xiqqaadha. Uffata addatti isin baasee balaaf isin saaxilu ykn uffata asxaan dhaabbata tokkoo irra jiru kan hin uffanne ta'uu keessan mirkaneeffadhaa.
- ④ Kophaa deemurraa ofqusadhaa. Ogeessi kaameeraa isin waliin hojjatu bakka jiru mirkaneeffadhaa. Bakka gabaasa itti hojjattan wayita geessan nageenya iddoo sanaa sirriitti xiinxalaa.
- ④ Iddoo haalota jiran haala salphaa ta'een hordofuu, xiinxaluu fi ofeeggannoo gochuudhaan yaaddoo balaa irraa ofeeguuf mijataa ta'e filadhaa.
- ④ Yoo rakkoon uumamellee iddoo dafanii keessaa

miliquuf mijataa ta'e filadhaa; yoo ta'uu baatellee yeroodhaaf bakka dayeeffattanii balaa jiru ofirra dabarsuu dandeessan adda baafadhaa.

- ⊕ Kana malees, wayita sochii taasifan qaamolee nageenya eegsisanii fi namoota hiriira mormii ba'an jidduu osoo seenuu baattanii baay'ee gaariidha.
- ⊕ Gabaasa hojjetan maddiitti haalota sochiiwwan jirani sirriitti hordofuu (keessattuu haalichi sochii hamaa walitti bu'iinsa uumutti deema jira yoo ta'e).
- ⊕ Qaamoleen nageenya eegsisan aara imimmeessuu fi meeshaalee miidhaa geessisan biroo fayyadamuu kan jalqaban yoo ta'e saffisaan iddoo sanaa deema.
- ⊕ Maarrabii kiisitti qabachuu hin dagatinaa; qaamoleen nageenya eegsisan aara imimmeessu fayyadamuu yoo eegalan maarrabichaan afaanii fi funyaan aguuggachuun ni danda'ama.
- ⊕ Aarri nama imimmeessu yoo dhukaafamee fi haala hargansuu keessanii yoo isin ukkaamse ija keessan bishaan qorraadhan dhiqadhaa.

- ⊕ Iddoowwan akkanaatti gareedhaan yoo sochootan baay'ee gaaridha; keessattuu, miidhaan wayita isinirra dhaqqabe walgargaarudhaan dafanii achii miliquuf ni mijata.



3.4. Iddoowwan Waraanni Adeemsifamu Keessatti Ofeeggannoowwan Gochuu Qabdan

Toora sochiiwwan waraanaa jiran keessa deemuun haalota biroo caala of-eeggannoo baay'ee olaanaa ta'e gochuu barbaada. Kanaafuu, gaazexeessitoonni iddoowwan akkanaa deemuu isaanitiin dura ofeeggannoo baay'ee cimaa fi qophiiwwan haal-duree gochuu akka qaban hubachiisuun barbaachisaadha. Keessattuu leenjii nageenyaa fi gargaarsa bu'uuraa jalqabaa wal'aansa fayyaa fudhachuu akka qaban hubachiisuun barbaachisaadha.

Dabalataanis, gaazexeessitoonni gabaasa hojjachuuf imaluun dura xiinxala yaaddoo nageenyaa gadi-fageenyaan

hojjachuu qabu. Adeemsa kanaanis yaaddoowwan jiran, waayee qaamolee waraanicha keessatti hirmaatanii, tooftaa waraanaa isaan hordofan, meeshaalee waraanaa isaan itti fayyadamanii fi dhimmoota kanaan walqabatan beekuu qabu. Kana malees, uffata waraanaa humnoonni mormitootaa uffatan adda baafachuun beekuu; akkasumas, gaazexeessitoonni bakka dirree waraanaa deeman sana hubannoo beekumsa bu'uuraa haala teessuma lafa isaa gonfachuu qabu.



Naannoowwan Wiirtuu Waraanaa Erga Geessanii Booda Of-eeggannoowwan Gochuu Qabdan

- ⊕ Eessa akka boqottan; akkasumas, meeshaalee hojii keessaniif ittiin tajaajilamuuf isin barbaachisu, maallaqa; akkasumas, soorata eessa akka kaawwattan karoorfadhaa.
- ⊕ Jaakkeettiiwwan nageenya keessan ittiin eeggachuu dandeessan; akkasumas, qoobii fudhattanii manaa

ba'uu keessan hin dagatinaa; dabalataanis, mee-shaalee wal'aansaa gargaarsa jalqabaa ittiin taasisan fudhattanii manaa ba'uu hin dagatinaa.

- ⊕ Keellaawwan sakatta'iinsaa yoo isin qunname tasgab-biidhaan waan gaafatamtaniif heeyyamamoo ta'uudhaan nagaan.
- ⊕ Dhaabbilee wal'aansa fayyaa naannoo sana jiran dursaatii adda baafadhaa.
- ⊕ Bu'uuraalee misoomaa waraanichaan miidhamuu danda'an ykn xiyyeeffannoo ofitti harkisuu danda'an adda baafadhaa.
- ⊕ Wayita sosochii taasifan karaan irra deemtan yaad-doo nageenyaa kan akka qabne ta'uusaa jiraattota naannichaa fi dhaabbilee miti-mootummaa irraa mirkaneeffadhaa.
- ⊕ Haala waraana adeemaa jiruu fi bakka dhukaasni jiru beekuu qabdu. Waraanni uumamuma isaatiin waan jijjijjiramuu odeeffannoowwan jiran saffisaan keessa-deebi'uun qulqulleeffachuu fi hubachuu barbaachisa.

- ④ Bakka deemtan dhorkaan sochii fi daangaa yeroo jiraachuusaa adda baafadhaa; hanga danda'ametti sochiiwwan halkanii irraa ofqusadhaa.
- ④ Hogganaa keessan waliin haala dhaabbataadhaan odeeffannoo wal jijjiiraa; haala keessa jirtan dadda-faatii beeksisaa.
- ④ Nageenya bakka ciisicha keessanii mirkaneeffadhaa; konkolaataa keessa bultu yoo ta'e balballi konkolaataa cufamuusaa mirkaneeffadhaa.
- ④ Qaamolee mormitootaaf af-gaaffii wayita taasiftanu yoo ta'e ofeeggannoo godhaa. Sababiin isaas, gama garee faallaa irraa haleellaan yoo raawwatame haala salphaadhaan balaa cimaadhaaf nama saaxiluu waan danda'uufidha.
- ④ Iddoowwan dhukaasni itti taasifamaa jiru keessa yoo seentan ykn yoo isinitti dhukaafame tarkaanfiiwwan daftanii balaa jalaa ofbaasuuf akka dandeessan isin gargaaran hunda raawwadhaa. Fakkeenyaaf, riqicha jala, boo'ii bishaanii ykn mukoota jala

ofdhoksuudhaan ofbaraaraa.



3.5. Yeroo Imalarra Jirtan Odeeggannoowan Gochuu Qabdan

Gabaasa hojjachuuf imala eegaluun dura yaaddoowwan waantota karaa irratti sisin mudachuu danda’anii sirriitti adda baafachuun barbaachisaadha. Ofeeggannoowan taasifamuu qaban keessaayis inni jalqabaa, daandiin irra imaluuf filattan nageenyi isaa eegamaa ta’uusaa mirkan-eeffachuudha. Wayita imala eegaltan konkolaataa keessan ofumaaf oofuu ykn shufeera biraa fayyadamuu dandeessu. Kanaafuu, ofeeggannoon jalqabaa gaazexeessitoonni shu-feerri isaanii saffisa konkolaachisuu heeyyamameen olitti konkolaachisuu akka hinqabnee fi qabattoo ittiin balaa of-irraa ittisan hidhachuu akka qaban yoomiyyuu dagachuu hinqabani. Haalonni jiran dirqisiisoo yoo ta’aniin alatti halkan konkolaataa oofuun hinbarbaachisu. Dhugaatiis dhuganii konkolaachisuu hinqabani.

Iddoon deemaa jirtan fageenya qaba yoo ta'e hanga danda'ametti baaburaan ykn xiyyaaraan imaluun filatamaadha. Wayita imalarra jirtanis meeshaalee deeggarsa wal'aansa fayyaa jalqabaa qabaachuun barbaachisaadha.



Of-eeggannoowwan Dabalataa

- ⊕ Haala nageenya qaama konkolaataa ittiin imalaa jirtanii haaala gaariin sakatta'uudhaan akka rakkoo qabu yoo hubattan konkolaataa biraa jijjiirradhaa.
- ⊕ Konkolaachisaa biraatu oofa yoo ta'e konkolaachisaan suni hirriiba ga'aa ta'e rafuusaa mirkaneeffadhaa.
- ⊕ Wayita imalarra jirtan konkolaachisaas ta'e ofii keessaniif jidduu jidduutti boqonnaa fudhadhaa. Hanga danda'ametti teessoo duubaa taa'aa.
- ⊕ Meeshaalee barbaachisoo konkolaataa keessaniif jijjiirtan qabachuu hindagatinaa; keessattuu gommaa fi hiiktuu biloonii hin dagatinaa. Boba'aa ga'aa ta'ee fi bishaan qabachuu keessan mirkaneeffadhaa.

- ⊕ Hogganaa keessanitti haala keessa jirtan yeroo yeroodhaan beeksisaa; yeroo mara saffisaan odeeffannoo waljijjiiraa.



3.6. Butamuu Konkolaataa; Keellaawwan Sakatta'iinsaa fi Cuccufamuu Daandii

Yaaddoon walitti-bu'iinsaa fi tasgabbii fi nageenyi dhabamuu; akkasumas, iddoowwan too'annoo finciltootaa jala jiran keessa wayita imaltan karaan cufamuun, konkolaatan butamuun, sakatta'iinsi cimaan keellaawwan hedduu irratti taasifamu isin mudachuu danda'a.

Yaaddoowwan kanneen ofirraa hir'isuuf xiinxala yaaddoo nageenyaa taasisuun barbaachisaadha.

Ofeeggannoowwan dursanii taasisuun barbaachisu keessaa tokko karaa irra imaltan irra keellaawwan sakatta'iinsaa jiraachuu isaanii qulqulleeffachuu fi qaamni

keellaawwan kanneen too'atu eenyu akka ta'e beekuun ni barbaachisa. Kana malees, naannichatti ammaan dura konkolaataan hatamee ykn butamee jira yoo ta'e; akkasumas, daandiiwwan cufaman ykn dhorkaa ta'an jiraachuu isaanii dursanii qulqulleeffachuun barbaachisaadha.



Sadarkaawwan Of-eeggannoo Gochuu Qabdani

- ④ Baay'ina konkolaataa daandii irra imaltanii xiinxalaa. Fakkeenyaaf, kallattii gaazexeessitoonni irra imalan konkolaataawwan biroon isin fuuldura jiran kallattii jijjiirratanii duubatti deebi'aa jiraachuu isaanii qalbeeffadhaa; kanas konkolaachiftoota irraa gaafadhaatii haala jiru qulqulleeffadhaa.
- ④ Oaamoleen ykn gareewwan hinbeekamne ykn naannichatti adda ta'anii mul'atan keellaa sakatta'iinsaa too'atanii jiraachuu isaanii yoo argitan dursaatii hogganaa keessanitti himaa.
- ④ Keellaa sakatta'iinsaatti dhiyaachuu keessaniin dura

yaaddoowwan akka jiran yoo hubattan duubatti deebi'uun filatamaadha. Kunis keessattuu ija qaamolee nageenyaa keellaawwan too'atan keessa osoo hin seenin osoo ta'ee woyya.

- ④ Ija too'attoota keellaawwan sakatta'iinsaa keessa erga seentaniin booda xiyyeeffannoo haleellaa jala galuu waan dandeessaniif duubatti deebi'uu irraa ofqusadhaa.
- ④ Wayita keellaawwan irratti sakatta'amtan balbala konkolaataa keessanii cufuu hindagatinaa; foddaa konkolaataa haala too'attoota waliin haasa'uu isin dandeessisu qofaan xiqqeessaatii saaqaa.
- ④ Too'attoonni keellaa wayita waraqaa eenyummaa isin gaafatan hanga danda'ametti waraqaa eenyummaa baay'uma faayidaa hinqabne itti agarsiisaa. Fakkeenyaaf, waraqaa eenyummaa bakka deema jirtanitti isin fayyaduu fi waan akka paaspoortii akka salphaatti deebitanii argachuu waan hin dandeenyeef waraqaawwan eenyummaa kanneen itti kennuurraa

ofqusadhaa.

- ④ Wayita imalarra jirtan waantota ija too'attoota keellaa ofitti hawwachuu danda'an kanneen akka sa'aatii harkaa fi kishaafaa gatiin isaanii qaalii ta'e ija namaa jalaa fageessaa. Konkolaataa keessa maallaqa bakka ijji namaa argu hin kaa'inaa.
- ④ Hanga danda'ametti oftasgabbeessaa; miirota jeeqamu hunda keessaa ba'uudhaan tasgabpii qabaadhaa.
- ④ Keellaa irratti too'attoonni yoo isin ajajaniin alatti konkolaataa keessan irraa hinbu'inaa.
- ④ Odeeffannoowwan bakka deemaa jirtan agarsiisan, keessattuu kaartaa fi odeeffannoowwan barreeffamaan qophaa'an ija namaa duraa fageessaa.
- ④ Gaaffiiwwan too'attoonni isin gaafatan tasgabpii fi naamusaan deebisaa. Harka keessan bakka mul'achuu danda'u kaawwadhaa.
- ④ Too'attoonni konkolaataa keessan sakatta'uudhaaf yoo isin gaafatan heeyyamamoo ta'aa.
- ④ Too'attoonni isinis ta'ee namoota isin faana jiran

maallaqa yoo gaafatanii fi yaalii saamichaa yoo isin irratti taasisan dhaabsisuuf ykn dhoowwachuuf hin yaalinaa. Konkolaataa keessan fudhachuuf illee yoo yaalan dhoowwachuuf hin yaalinaa.

- ④ Namoota keellaa irratti sakatta'iinsa geggeessan waliin hanga tokko walitti dhiyaachuu yaalaa; tamboo kan xuuxan yoo ta'ee fi isinis tamboo qabattanii jirtu yoo ta'e tamboo sana kennaafitii firoomfadhaa.

4

Hidhaa fi Butamuu



Gaazexeessitoonni wayita dhimmoota qabiyyeen isaanii ciccimoo ta'e, kanneen akka sarbiinsa mirga namaa, ma-laammaltummaa; akkasumas, walitti-bu'iinsa/waraana ilaalchisee wayita gabaasa hojjetan qaamolee idilee fi al-idilee faayidaan keenya nujalaa tuqame jedhaniin ykn gareewwan qaama sadaffaa ta'aniin hidhaa fi butamuun isaanirra ga'uu akka danda'u ni beekama.

Sababa gabaasaalee hojjetaniitiin; akkasumas, sababoota biroo adda addaatiin qaamolee tika nageenyaa mootummaatiin karaa seeraa ykn seeraan-alaatiin yaaliiwwan hidhaa fi butuun gaazexeessitoota irratti wayita taasifamu mormii tokkollee osoo hin agarsiisin waantota qaamoleen nageenyaa ajajan hunda raawwachuun barbaachisaadha. Ajaja isaanii hojiirra oolchuun miidhaawwan qaamaa namarra ga'uu danda'an namarraa hir'isuu danda'a.

Qaamolee nageenyaatiin ykn gareewwan seeraan-alaatiin yoo butamtan hanga danda'ametti naasuu ofirraa hir'isuudhaan oftasgabbeessuun barbaachisaadha. Carraa fi yeroo yoo argattan immoo haala keessa jirtan hogganaa

keessanii fi fira dhihootti himaa. Too'annaa jala kan isin oolche qaamolee nageenyaa mootummaa yoo ta'an golgaa seeraa argachuuf abukaatoon akka isiniif dhufu ykn hogganaa keessanitti haala keessa jirtan himuu akka dandeessan heeyyama gaafadhaa. Yoo butamtan immoo tarkaanfiiwwan fudhachuu qabdan amala qaama isin butee, haalaa fi iddoo butamtan irratti hundaa'a.



Haata'u malee, akkaataa barbaachisummaa isaatiin tarkaanfiiwwan ofeeggannoo armaan gaditti tarreeffaman raawwachuun isinirraa eegama.

- ⊕ Butamuun yoo isin irratti raawwate carraa fi yeroo argannaan odeeffannoowwan haala nageenya keessanii daran yaaddoo keessa galchuu danda'an saffisaan dhabamsiisaa.
- ⊕ Hanga danda'ametti rifaatuu keessan too'achuudhaan, miira tasgabbiitiin haalota deemaa jiran xiinxaluun hubachuu yaalaa.

- ⊕ Haalli mijataanii fi amansiisaa ta'e hanga hin uumamnetti namoota isin butan harkaa miliquu tasuma hin yaadinaa.
- ⊕ Gochoota namoonni isin butan tarkaanfii balaa qabu keessa akka lixan taasisuu danda'an irraa ofqusadhaa; keessattuu jechoota hintaane baasuu irraa ofqusadhaa.
- ⊕ Hanga danda'ametti taateewwan yeroo gochichi raawwatamu ta'aa jiran hunda xiyyeeffannoodhaan hubachuu yaalaa. Fakkeenyaaf iddoo jirtan, uffata namoonni isin butan uffatan, afaan isaan dubbatan, kkf hubachuu yaalaa.
- ⊕ Ajajoota namoonni isin butan dabarsan mamii tokko malee raawwadhaa.
- ⊕ Soorataa fi dhugaatii isaan isiniif kennan fayyadamaa.
- ⊕ Gaazexeessitoonni kunniin walfaana butamtan yoo ta'e qaamonni isin butan hanga danda'ametti bakka tokko akka isin tursiisan amansiisuuf yaalaa.
- ⊕ Butamuu keessaniin abdiin hin kutatinaa. Gadi isin

dhiisisuufis waliigalteen yoo jalqabame akka gadi dhiifamuu dandeessan abdi horadhaa.

- ⊕ Hanga danda'ametti obsa qabaadhaa; keessattuu butamuu irraa gadi dhiifamuuf jirtu yoo jedhan miira tasgabbiitiin turuu qabdu.



4.1. Balaawwan Uumamaa fi Dhibeewwan Mudachuu Danda'an

Gaazexeessitoonni wayita hojiif socho'aa jiranitti balaawwan uumamaa ykn dhibeewwan isaan mudachuu danda'a. Miidhaa balaawwan kunniin dhaqqabsiisuu danda'an hir'isuuf dursitanii tarkaanfiiwwan ofeeggannoo fudhachuu qabdu. Gaazexeessitoonni iddoowwan hojiif deemanitti dhibeewwan tasaatiin fayyaan isaanii miidhamuu akka danda'u tilmaamuun fayyummaa fi jabinni qaama isaanii guutuu yoo ta'e qofa gabaasa hojjachuuf bobba'uu akka qaban gochuun barbaachisaadha.

4.1.1. Dhukkuboota Tasaa



Tarkaanfiiwwan ofeeggannoo taasifamuu qaban:

- ⊕ Soorata sasalphaa fi dafanii faayidaan-ala hintaane, soorata imala dheeraaf tajaajiluu danda'an qabadhaa.
- ⊕ Danda'amnaan imalaan-dura qorannoo fayyaa taasifadhaa.
- ⊕ Odeeffannoo dhaabbilee fayyaa naannoo deemaa jirtanii funaannadhaa.
- ⊕ CARD ykn odeeffannoo gosa dhiiga keessanii mul'isu qabadhaa.
- ⊕ Carraa yoo argattan barumsa ykn leenjii haala gargaarsa fayyaa jalqabaa fudhadhaa. Imala ennaa eegaltanis meeshaalee gargaarsa fayyaa jalqabaatiif tajaajilan fudhadhaatii deemaa.
- ⊕ Hanga danda'ametti bishaan qulqulluu fi ga'aa ta'e dhugaa.

- ⊕ Ooricha dhaabbataadhanis ta'ee yeroof fudhachaa jirtan haala ga'aa ta'een qopheeffachuu hin dangatinaa; yoo danda'ame hanga isin barbaachisuu olitti fudhadhaa deemaa.
- ⊕ Akaakuuwwan soorataa fayyadamtan filadhaa. Hanga danda'ametti soorata sirriitti bilchaate sooradhaa.
- ⊕ Wayita hojiirra jirtan dhukkubbiin yoo isinitti dhaaga'ame hojii keessan dhaabudhaan bakka deeggarsi wal'aansa fayyaa jiru deemaa.

4.1.2. Balaawwan Uumamaafi Namtolchee fi Weerara Dhibee

Hanga dandeessanitti waayee balaawwan ykn weerara kanneenii hubannoo fi beekumsa bu'uuraa qabaachuu qabdu. Dabalataanis yaaddoowwan nageenyaa isin mudachuu danda'u ilaalchisee xiinxala ga'aa fi itti-fufiinsa qabu taasisaa. Balaawwan kanneen keessaa haala akkamiitiin ofbaraaruu akka dandeessan tilmaama qopheeffadhaa.



Tarkaanfiiwwan Ofeeggannoo

- ⊕ Uffannaawwan ittiin balaa ofirraa ittisan; keessattuu, jaakkeettiwwanii fi qoobiiwwan balaa namarraa ittisuu danda'an qabadhaa.
- ⊕ Haalaa jiruu fi iddoo jirtan hoggantoota keessan beeksisaa.
- ⊕ Hanga danda'ametti qulqullina dhuunfaa keessanii eeggadhaa.
- ⊕ Odeeffannoo dhaabbilee fayyaa naannichatti argamanii funaannadhaa.
- ⊕ Konkolaataawwan qabattanii baatan haala teessuma lafaa bakka deemaa jirtaniitiif mijataa ta'uu isaanii mirkaneeffadhaa; konkolaataan ittiin deemtan lafarraa olka'aa (four-wheel drive) yoo ta'e filatamaadha.
- ⊕ Meeshaaleen fudhattanii deemtan muraasa ta'uu qabu; danda'amnaan boorsaawwan bishaan ofkeessa hin seensifne fayyadamaa.

- ⊕ Soorata soorattanii fi dhugaatii fayyadamtan irratti ofeeggannoo godhaa.
- ⊕ Bishaan saamsamaa baay'inaan qabadhaa deemaa.



4.2. Haleellaawwan Koorniyaa

Gaazexeessitoonni dubartii fi dhiiraa haleellaa fi yaaddoon sababa hojii isaanitiin isaan mudatu jiraatus, gaazexeessitoonni dubartootaa immoo adeemsa hojii isaanii keessatti yaaddoowwanii fi haleellaa isaan irratti xiyyeeffateef daran saaxilamoodha.

Kanaafuu, gaazexeessitootni dubartootaa gabaasa hojjachuuf iddoowwan balaafamaa tokko tokko wayita deeman yaaddoowwan dabalataa fi haleellaa koorniyaa irraa ofee guuf ofeeggannoowwan haal-duree adda addaa gochuu qabu.



Gorsa Murteessaa Gaazexeessitoota Dubartootaa Iddoowwan Balaafamaa Keessatti Hojjetan

- ⊕ Qubeellaa gaa'elaa godhachuun haleellaa koorniyaatiif akka hin saaxilamne isaan gargaaruu danda'a.
- ⊕ Sirna uffannaa haala naannichaa hordofuun barbaachisaadha; keessattuu, naannoowwan safuu aadaatiin jiraatan keessatti haala sirna uffannaa aadaa isaanii hordofuun ni barbaachisa.
- ⊕ Uffannaawwan gad-dhiisii fi boca aama namaa hin agarsiifne, qamisii dhedheeraa, kofoowwan babal'aa fi shaamizii dheeraa uffachuun filatamaadha.
- ⊕ Shaashii ykn carqii ittiin rifeensa ofii aguuggatan haala barbaachisummaa isaatiin fayyadamuun barbaachisaadha.
- ⊕ Kopheewwan mijataa haala salphaa ta'een fiiguuf nama gargaaru fayyadamaa.
- ⊕ Faaya mormaa fayyadamuu irraa ofqusadhaa;

sababiin isaas, namoonni miidhaa isinirraan ga'uu barbaadan haala salphaa ta'een morma keessan qabachuu danda'u waan ta'eef.

- ➔ Aadaa naannichaa beekuu fi kabajuu qabdu. Fakkeenyaaf, tamboo xuuxuu, harka nama qabachuu, aalkolii dhuguu ykn sagalee olkaasanii kolfuun ha-waasa tokko tokko biratti safuu ta'uu danda'a.

5

Nageenya Odeeffannoo Teekinooloojiin Walqabatu (Digital Safety)



Guddina teekinooloojii hammayyaatiin walqabatee maddi odeeffannoo teekinooloojii hedduminaan jiru, akkaataan ittiin odeeffannoo waljijjiiran ykn appilikkeeshinootaan walqabatee gaazexeessitoonni amala hojii isaanii irraan kan ka'e teekinooloojiiwwan kanneen sirriitti fayyadamu. Kunis gaazexeessitoonni bakka hunda ga'uu akka danda'an; akkasumas, madda odeeffannoo fi namoota hedduu waliin hariiroo adda addaa babal'ifachuu akka danda'an isaan gargaara.

Haata'u malee, baba'achuun dagaagina marsaariitiiwwanii miidhaawwan adda addaa fi yaaddoowwan hedduus fidee dhufeera. Keessattuu haleellaan marsaariitiiwwan irratti raawwatamaa jiru yaaddoo isa cimaadha. Qaamoleen haleellaawwan walfakkaatoo raawwatan haala salphaa ta'een odeeffannoo dhuunfaa gaazexeessitootaa akka argatan carraa baneefii jira. Yaaddoowwan kanneen hir'isuuf gaazexeessitoonni qophiiwwan haal-duree gochuu fi tarkaanfiiwwan haleellaa hir'isuu dandeessisan fudhachuu qabu.



Appilikkeeshinootni itti fayyadamtan butamuu odeeffannootiif karaa agarsiisuu waan danda'aniif yaaddoo fi saaxilamummaa haleellaa hir'isuuf filannoowwanii fi tarkaanfiiwwan nageenya odeeffannoo tiksuu fudhachuun barbaachisaadha. Kana malees, leenjiiwwan nageenya odeeffannoo dijitaalaa fudhachuun furmaata waarawaadha.

- ➔ Tooftaalee daddabarsa odeeffannoo gaazexeessitootni itti fayyadaman; fakkeenyaaf, iimeelii, feesbuukii; akkasumas, appilikkeeshinoota biroo, keessattuu 'Two-Factor-Authentification (2FA)' kan jedhamu fayyadamuun kuusaawwan odeeffannoo cufuudhaan appilikkeeshinootni odeeffannoo itti fayyadamnuu qaama sadaffaadhaan akka hin butamne too'achuun daran barbaachisaadha.
- ➔ Appilikkeeshinoota itti fayyadamtaniif jecha cuftuu (password) cimaa ta'e fayyadamaa.

- ➊ Tarii gaazexeessitoonni yoo hidhaman ykn yoo butaman jecha cuftuu isaanii jijjiiruun ykn cufuun haala itti danda'amu irratti mala dhawuun barbaachisaadha.
- ➋ Marsaariitiiwwan hawaasummaa irratti odeeffannoowwan qooddan, fakkiwwanii fi waayee namoota isiniin walitti-dhiyeenya qabanii yeroo qooddan hanga danda'ametti namoonni isiniin walitti dhiyeenya qaban qofti akka ilaalan daangessuu yaalaa.
- ➌ Appilikkeeshinoota bilbilaa fi kompiitera keessanii yeroo yeroodhaan gara qabiyyee haaraa dhufaniitti olguddisuun haaromsaa (software updates)::
- ➍ Cuftuwwan haardi-diiskii teekinooloojiin deeggaraman (encryption) fayyadamaa.
- ➎ Moobaayilii fi kompiitera keessan irra waantonni tajaajilawwan warsaariitiitiin walqabataniif fi marsaariitiiwwan yeroo fayyadamtan icciitii fi nageenya keessan eeggachuuf appilikkeeshinii Virtual Private Network (VPN) jedhamu itti fe'adhaa.
- ➏ Iimeeliwwanii fi ergaawwan ergitan akka isin jalaa

hinbutamne appilikkeeshinii kuusaa icciitii (encrypted messages) jijjiiran fayyadamaa.

- ⊕ Balaadhaaf saaxilamoo ta'uu keessan adda baaf-tanii yoo bartan sochiiwwan dhuunfaa fi hojii keessanii haala icciitii olaanaa qabuun raawwad-haa. Lakkoofsota bilbilaa fi kuusaawwan ergaa itti fayyadamtan nageenya keessaniif jecha kophaa kophaatti tolfadhaa.
- ⊕ Iskiriinii bilbilaa fi kompiitera keessanii namoonni isin maddii ykn isin duuba jiran akka hin argine aguugduu iskiriinii bitaatii itti dhoobbadhaa.
- ⊕ Mana interneetii daldalaaf saaqamanitti fayyadamtu yoo ta'e yeroo xumurta jecha cuftuu keessan cuftanii ba'uu ('logout' gochuu) mirkaneeffadhaa.
- ⊕ Barbaadduu marsaariitiiwwaniitti ennaa fayyadam-tan seenaa barbaacha raawwattanii haquu fi gara filannoo barbaacha dhuunfaa keessaniitti deebisuu keessan mirkaneeffadhaa.
- ⊕ Kuufama odeeffannoo teekinooloojii idileen qabattanii

sochootan (backup) qabaachuu keessan mirkaneeffadhaa. Keessattuu Google Drive, icloud kan fafakkaatan, kuufama interneetii (cloud storage) fayyadamaa. Kana gochuun keessan yoo bilbilli ykn kompiiterri keessan hatame ykn qaama tika mootummaatiin odeeffannoowwan waraabdan akka balleessitan yoo taasifamtan odeeffannoo kanneen kuufama eeraman keessaa deebitanii argachuu dandeessu.

Kana malees, gaazexeessitoonni hanga danda'ametti odeeffannoo dhuunfaa isaanii; fakkeenyaaf, bakka jireenyaa isaanii, lakkoofsa bilbilaa isaanii; akkasumas, odeeffannoowwan dhuunfaa maatii isaanii qooduu irraa akka of-qusachuu qaban hubachuun barbaachisaadha.

Sababiin isaas, odeeffannoo dhuunfaa keessanii kanneen fayyadamuudhaan karaa marsaariitiiwwan adda addaa qaamoleen hinbeekamne haleellaa isin irratti raawwachuu ykn dhiibbaa isinirraan ga'uu ni danda'u. Odeeffannoowwan akkanaa ammaan dura haleellaawwan walfakkaatoon raawwatamuun isaanii ni yaadatama.

Eenyummaa gaazexeessitootaa duraan ture, sabaa fi

amantii keessaa dhufan; akkasumas, ilaalchaa fi ejjan-noowwan dhuunfaa isaanii qaamoleen adda addaa gaazexeessitoota kanneen ittiin jeequuf miidiyaalee hawaasummaa fi marsaariitiwwaniin ennaa duula irratti adeemsisan ni mul'atu. Yeroo tokko tokko immoo jeequmsa bira darbee gaazexeessitoota arrabsuu, yakkuu fi darbees itti dhaadachuun baramaa dhufeera.



Haleellaawwan gama mmarsaariitiin namarra ga'an ittisuuf waantota nama gargaaran


- ➊ Miidiyaalee hawaasaa ykn karaawwan walqunnamtii adda addaatiin odeeffannoo dhuunfaa ofii namaaf qooduu irraa ofqusachuun barbaachisaadha - keessattuu teessoo jireenyaa ofii fi lakkoofsa gabatee konkolaataa ofii namatti beeksisuun barbaachisaa miti.
- ➋ Gaazexeessitoonni suuraawwan namaaf qoodan irratti ofeeggannoo gochuu qabu. Keessattuu suuraawwan

daa'immanii fi miseensota maatii namaaf qooduu irraa ofqusadhaa; fakkeenyaaf, suuraawwan m/b ijoollee keessanii ykn uffata mana barumsaa(yuuniifoormii) isaanii mul'isan namaaf hin goodinaa.

- ⊕ Hojiidhaaf adeemsarra osoo jirtanii bakka jirtan gadi dhiiftanii osoo hinba'in suuraa bakka sanatti kaatan namaaf qooduu fi iddoosaa eeruu namaaf kennuu irraa of qusadhaa.
- ⊕ Fuulawwan hidhata hawaasummaa irratti siyaasa, amantaa fi sabummaan walqabatan irratti yaadotni kennitan yoo jiraate balaa namatti fiduu waan danda'aniif haquu qabdu.
- ⊕ Gaazexeessitoonni karaawwan odeeffannoo ykn ergaa ittiin fudhatan adda addaatiin doorsifni ykn dhaadannoon yoo isinirra ga'e hogganaa keessan; akkasumas, miseensa hojii keessan; dabalataanis, miseensa maatii keessanitti himaa.
- ⊕ Doorsisoo fi dhaadannoowwan isinirra ga'an galmeessaatii olkaa'aa; hanga danda'ametti qaamolee seeraatti ykn waldaalee ogummaa keessaniitti beeksisuun barbaachisaadha.

6

**Miidhamtoota balaan
dhiiguu irra ga'eef
waldhaansa dursaa
qaamaa fi qalbii gochuu**





6.1. Miidhamtoota dhiigni isaanii dhangala'aa jiruuf gargaarsa wal'aansa jalqabaa taasisuu

Miseensa hojii miidhaan irra ga'e gargaaruuf tarkaanfiin jalqabaa ogeessonni fayyaa akka dhaqqabaniif waamuudha. Haata'u malee, ogeessonni fayyaa hanga dhaqqabaniifitti miseensa hojii keessaniif gargaarsa wal'aansa jalqabaa taasisuun miidhamicha fayyaduu ni danda'a.

Kanaafuu, miseensa hojii miidhaan irra ga'eef gargaarsa wal'aansa fayyaa isa jalqabaa gochuuf murteessuu keessaniin dura naannichatti haalotni balaarra isin buusuu danda'an jiraachuu fi dhiisuu isaanii xiinxaluun adda baafachuu qabdu. Sababiin isaas, nama biraa baraaruuuf jecha ofiin balaarra ofbuusuun sirrii miti.

Kutaawwan qaamaa dhiigni dhangala'aa jiruuf gargaarsa wal'aansa fayyaa jalqabaa gochuuf akkaataa gargaarsa wal'aansa fayyaa ittiin kennan ilaalchisee leenjii fudhachuun baay'ee barbaachisaadha. Kunis kan barbaachisuuf,

gargaarsi wal'aansa fayyaa jalqabaa sirnaa fi ofeeggan-noodhaan hin kennamne taanaan miidhamticha rakkoo hamaa keessa galchuu waan danda'uufidha.

Wayita imala eegaltan meeshaalee bu'uuraa ittiin gargaarsa wal'aansa fayyaa jalqabaa kennitan qabaachuu keessan hin dagatinaa.

Keessattuu pilaastera madaa ittiin saamsan, faashaawwan madaatti maran akaakuuwwan adda addaa, maqasii, aalkolii madaa ittiin haxaawan, gowaantii laastikii, haxooftuuwwan madaa fi laastikii addaan dhisamanii fi kkf qabaachuu keessan mirkaneeffadhaa.

Miseensa hojii balaan mudatee qaamni isaa dhiigaa jiruuf hanga ogeessonni fayyaa dhaqqabaniifitti wal'aansa sadarkaa jalqabaa kennuuf duraa-duuba gochaawwan armaan gaditti tartiibaan dhiyaatan kana hordofaa.

1. Dhaabbatanii haala nageenyaa madaaluu

- ➔ Balaan dabalataa kan hin jirre ta'usaa mirkaneeffachuu

2. Haala fayyaa miidhamtichaa madaaluun/ sakatta'iinsa sadarkaa jalqabaa gochuun (gowaantii dhangala'oo ofkeessa hin dabarsine harkatti kaawwachuun dirqamadha)

- ⊕ Sadarkaa hubamuu miidhamtichaa adda baasuu; keessattuu, miidhamtichi hargansuu sirrii harganaa jiraachuusaa mirkaneessuu fi guutumaan guututti ofwallaalu fi ofwallaalu dhiisuusaa qulqulleessuu. Kana gochuufis maqaa miidhamtichaa waamuun yoo ofwallaalu baate quba isaatiin mallattoo akka agarsiisu gochuu ykn qaamasaa ciqileedhaa olitti argamu qimmiiduun yaad-deebii kennuusaa ilaaluudha. Adeemsa kana keessatti miidhamaan wixirfatee nama gargaarsa wal'aansaa jalqabaa kenna jiru irraan akka miidhaa hin geenye qaamaan irraa fagaachuun ofeeggannoon gargaaruun barbaachisaadha.
- ⊕ Kutaa qaamaa isa dhiigaa jiru adda baasuudhaan ofeeggannoodhaan dhiigasaa haxaawuu.

3. Wal'aansa miidhaa(adeemsi wal'aansaa kunniin leenjii argachuu nama barbaachisa)

- ⊕ Dhiigni miidhamaa haala yaadessaa ta'een kan dhangala'aa jiru yoo ta'e dhiiga dhangala'aa jiru dhaabuuf yaaludha; kanas gochuuf qaama miidhame lafaa olkaasuudha; itti aansuun kutaa qaamaa dhiigaa jiru asii-ol hiikaa bakka jiru irratti gowaantii laastikiitiin hidhuudha. Adeemsi kuni fuula, qomaa fi kutaawwan garaachaa irratti ta'uu hinqabu.
- ⊕ Ujummoon qoonqoo qilleensa dabarsu dadacha'ee qilleensi darbuu dhiisee kan addaan cite yoo ta'e miidhamticha morma isaa irraa mataasaa olqabuun sirreessuu; arrabni miidhamaa qoonqoo qilleensa dabarsutti cuqqaalamee akka qilleensi hin darbine yoo cufeera ta'e arrabasaa qubaan bakka itti cuqqaalame keessaa baasanii sirreessuun akka qilleensi darbu gochuudha. Kana malees, miidhamtichi dugdaan kufee jira yoo ta'e ofeeggannoodhaan mataasaa qabuudhaan maddiidhaan ciibsuudha.

- ⊕ Miidhamaan iddoorraa-maquu sirna hargansuu yoo qabaate qoma isaa walakkaarra harka lamaaniin saffisa idileetiin si'a 30 asii-gadi jabeessanii dhiibuu.
- ⊕ Namni miidhaan irra ga'e miidhamni qaamaa biroon, keessattuu miidhama sammuu kan irra hin geenye ta'uusaa mirkaneeffachuuqaba.
- ⊕ Adeemsa kana erga hordofee booda, namni miidhaan irra ga'e bakka balaan itti uumame keessaa ba'uuf yaaluu qaba.



6.2. Miidhaa Qorqalbii/ Dararama Sammuu Wal'aanuu

Gaazexeessitoonni bakka walitti-bu'iinsa suukanneessaan, waraanni, sarbamni mirgoota dhala namaa jiranii fi iddoowwan balaawwan adda addaa itti namarra ga'an gabaasa hojjachuuf deemanii deebi'an yeroo hedduu gadda hamaa, dhiphina sammuu fi jeeqama sammuu adda addaatiin ennaa qabaman ni mul'atu. Haleellaawwan

adda addaa ennaa raawwataniif fi lubbuun namaa hed-dumminaan ennaa badu bakkasitti argamanii ilaaluun taajabaa turuun isaanii balaawwan suukanneessaa achitti uumameen walqabatee jeeqamni sammuu (Post-Traumatic Stress Disorders - PTSD) isaan mudachuu ni danda'a.

Kanaafuu, gaazexeessitoonni imala hojii gabaasaa jeequmsa sammuu keessa isaan galchuu danda'an, yaaddoo baay'ee olaanaa fi balaafamaa ta'e keessaa ennaa deebi'an gulaaltota waliin marii ramaddiin boodaa osoo taasisanii gaazexeessitoonni sabavba taateewwan ilaalaa turaniitiin jeeqama qorqalbii jeeqama qorqalbii keessa seenuu ykn seenuu dhiisuu isaanii mirkaneessuuf; akkasumas, jeequmsa qorqalbii keessa seenaniiru yoo ta'e rakkinichi gara rakkoo sammuu balaafamaa ta'eetti akka hin ceene dursanii hubachuuf carraa uuma. Yeroo mariin adeemsi-famu rakkoowwan akkasii yoo gaazexeessitoota irratti mul'atan gulaaltonnii fi hoggantoonni hojii dafanii haala gaazexeessitoonni kunniin ittiin deeggarsa wal'aansa qorqalbii icciitiin argatan mijeessuu qabu.



Namarraa namatti garaagarummaa qabaatus ogeessonni jeequmsi miiraa isaan mudate balaan isaan keessa darban erga darbee guyyoota ykn torbanoota muraasa booda mallattoowwan armaan gadii isaan irratti mul'achuu ni danda'u.

- ⊕ Taatewwanii fi haalota xixiqqoodhaan rifachuu
- ⊕ Rukuttaan onnee olka'aa, dafqaa fi afaan goggoguun jiraachuu
- ⊕ Mallattoowwan adooduu fi tabjaaja'u agarsiisuu
- ⊕ Mallattoowwan miira-keessa galuu agarsiisuu

Jeequmsi miiraa yeroof nama mudatu yeroo tokko tokko yeroo dheeraadhaaf namarra turuun gara dhiphinaatti jijjiiramuu danda'a. Gaazexeessitoonni miira dhiphinaa fi jeeqama sammuu keessa seenan mallattoowwan isaan calaqqisiisan kanneen armaan gadii ofkeessatti hammata.

- ⊕ Jeeqamuu taateewwan rifaasisoodhaan dhufan

- ⊕ Miirota rifaatuu (rukunnaa onnee humnaa-olii, dhafqa halkanii, kkf)
- ⊕ Xiyyeeffannoo dhabuu
- ⊕ Waantota irratti deebii xooxeffame ykn yaada daangaa darbe kennuu
- ⊕ Of-nyaachuu ykn dhuukkamsa hin baramne
- ⊕ Adooduu, hariiroo hawaasummaa fi namoota jaallatan irraa fagaachuu fi addatti of-baasuu
- ⊕ Dadhabbiin hinjirre namatti dhaga'amuu ykn dogongoroota hinbaramne raawwachuu

Kanneenii fi mallattoowwan kana fakkaatan; akkasumas, jijjiiramamuun miiraa ji'oota tokkoo ol yoo itti-fufe gaazexeessicha irratti miidhama qorqalpii ykn agarsiiftuu cinqama sammuu ta'uu danda'a. Oduu gaariin taateewwan cinqiin boodaatiin cinqama uumamu of'kunuunsuudhaan deeggarsa wal'aansa yaalaatiin fooyya'uu ni danda'a.

1. Of-kunuunsuu

Haalota yaaddeessoo ta'an keessa darbuudhaan cinqamni sammuu gaazexeessitootarra kan ga'u sababa taateewwan

isaan mudatu waliin hidhata miiraa cimaa ta'e waan qabaniifidha. Kunis ogeessonni dhiphina sammuu guyyaa guyyaadhaan waan keessa darban; keessattuu, sababoota yeroo hojii isaanii itti xumuran(deadline), walitti-bu'iinsa qorqalbii ofii waliin taasisan, aadaa keessa lixanitti madaquu dadhabuu fi dhiibbaawwan diinagdee hammaachaa deemuu danda'u. Kanaafuu, haalonni akka hammaachaa hindeemnee fi nageenya sammuu isaanii eeggachuuf gaazexeessitoonni ofeeggannoo olaanaa gochuu qabu.



Gorsa Dabalataa:

- ➊ Wayita iddoo hojii gabaasichaatii deebi'an guyyoota muraasaaf namoota kaan irraa adda ba'anii boqonnaa fudhachuu
- ➋ Waantota taateewwan cinqii keessa darban nama yaadachiisan irraa fagaachuu; fakkeenyaaf, suuraawwan baka sanatti kaatan ilaaluu dhiisuu.

- ⊕ Boqonnaa yeroo hirriibaa ga'aa ta'e fudhachuu
- ⊕ Bishaan ga'aa ta'e dhuguu
- ⊕ Sochii qaamaa gochuu; cinqii irraa damdamachuu
- ⊕ Muuxannoowwan haalota hamaa keessa darban irraanfachuuf nama gargaaran gabbifachuu; fakkeenyaaf, kitaaba dubbisuu, muuziqaa dhaggeeffachuu
- ⊕ Haalota cinqii fi miiran jeeqamuu keessa yoo jiraatan qaamotni keessan hundi ooksiijinii guutuu akka argatu hafuura dheeraa baafachuu
- ⊕ Gabaasaalee walfakkaato itti aanan hojjachuu irraa yeroo murtaa'eef ofqusachuu

2. Deeggarsa Mana Yaalaa Argachuu

Balaa ykn taatee suukanneessaa uumameen walqabatee, jeeqama sammuu gaazexeessitoota irra ga'een walqabatee ofkunuunsuudhaan itti hin furre yoo ta'e ykn jijjiirama hin agarsiifne yoo ta'e, leenjii ga'aa ta'e kan hin arganne yoo ta'e, gorsa ogeessonni qorqalbii kennan argachuu qabu. Deeggarsa kana argachuun haala keessa jiran keessaa akka fooyya'anii fi haalicha keessaa akka ba'an tasgabbii

namaaf kenna. Kana malees, mallattooleen kunniin irra deebi'anii akka hin uumanme too'achuuf nama gargaara.



Deeggarsa Gorsa Qorqalbiitiin Duraa fi Adeemsa Deeggarsichaa Keessatti Waantonni Yaada Keessa Galuu Qaban Qabxiilee Armaan Gadii Ofkeessatti Hammachuu qabu.

- ⊕ Koorniyaa, sanyii, sabummaa, amantii; akkasumas, akaakuu hojii keessanii ogeessota fayyaatti yoo himattan tasgabii isiniif kennuu akka danda'u mirkaneessuu.
- ⊕ Ogeessi fayyaa beekumsa fi muuxannoo ga'aa ta'e qabaachuu isaanii mirkaneeffachuu.
- ⊕ Ogeessota fayyaa isin ykn fira keessan dhihoo waliin walbeekumsaa fi hariiroo hin qabne filadhaa.
- ⊕ Ofii keessanii fi ogeessa fayyaa keessaniif amanamoo ta'aa. Haala keessa jirtan ilaalchisuun odeeffannoo sirrii ta'e kenna.

- ⊕ Gaaffilee ogeessonni fayyaa gaafatan hundaaf deebii sirrii ta'e kennaa. Adeemsa wal'aansa fayyaa taas-ifamu keessatti miira keessa jirtan isa sirrii ta'e ogeessa fayyaa keessanitti himaa.
- ⊕ Wal'aansi fayyaa akaakuuwwan hundi nama hundaaf sirrii hin ta'ani; wal'aansi fayyaa isiniif mijataa ta'u yeroo dheeraa fudhachuu waan danda'uuf osoo abdiin hin kutatin wal'aansa yaalii keessan hordofadhaa.

7

Dabaleewwan





7.1. Dabalee 1: Eeruuwwan Dubbisa Dabalataa

1. Physical Safety: War Reporting
<https://cpj.org/2019/10/physical-safety-war-reporting/>
2. Physical and Digital Safety: Arrest and detention
<https://cpj.org/2021/02/physical-and-digital-safety-arrest-and-detention/>
3. Journalist Safety and Emergencies
<https://cpj.org/journalist-safety-and-emergencies/>
4. CPJ Journalist Security Guide
<https://cpj.org/reports/2012/04/sustained-risks/#5>
5. Safety of Women Journalists
<https://www.unesco.org/en/safety-journalists/safety-women-journalists>

6. Safety of Journalists

<https://www.unesco.org/en/safety-journalists>

7. Model course on safety of journalists: a guide for journalism teachers in the Arab States

<https://unesdoc.unesco.org/ark:/48223/pf0000248297>

8. Digital safety: Using online platforms safely as a journalist

<https://cpj.org/2022/11/digital-safety-using-online-platforms-safely-as-a-journalist/>

9. Safety Notes

<https://cpj.org/safety-notes/>

10. Practical guide for women journalists on how to respond to online harassment

<https://unesdoc.unesco.org/ark:/48223/pf0000379908>

11. Safety guide for journalists: a handbook for reporters in high-risk environments

<https://unesdoc.unesco.org/ark:/48223/pf0000243986>



7.2. Dabalee 2: Teessoowwan faayida-qabeeyyii

1. Waldaa Fannoo diimaa Itoophiyaa (Leenjii Deegarsa Jalqabaa Fudhacuuf)

🌐 Marsaariitii: <https://www.redcrosseth.org/>

☎️ Lakkoofsa bilbilaa: [+251-114-405911](tel:+251-114-405911)

✉️ Iimeelii: ercsinfo@redcrosseth.org

📍 Teessoon: [Daandii Raas Dastaa Daamxoo, Finfinnee, Itoophiyaa](#)

2. Hospitaala Wal'aansa Sammuu Sadarkaa Olaanaa Qiddus Amaanu'eel (Deegarsa Yaalii Wal'aansa Sammuu argachuuf)

🌐 Marsaariitii: <https://www.amsh.gov.et/>

- ☎ Lakkoofsa bilbilaa: [+251 11-2757699](tel:+251112757699)
 - ☎ Lakkoofsa bilbilaa: [+251 94 419 9174](tel:+251944199174)
 - ✉ Iimeelii: amanuel@ethionet.et
 - 📍 Teessoon: [Kutaa Bulchiinsa Addis](#)
[Katamaa, Naannoo Massaallamaa,](#)
[Finfinnee, Itoophiyaa](#)
3. Mana Maree Miidiyaalee Sabqunnamtii Itoophiyaa
- 🌐 Marsaariitii: <https://ethiopianmediacouncil.org>
 - ☎ Lakkoofsa bilbilaa: [+251 118134464](tel:+251118134464)
 - ✉ Iimeelii: info@ethiopianmediacouncil.org
4. Waldaa Ogeessota Miidiyaalee Sabqunnamtii Itoophiyaa
- ☎ Lakkoofsa bilbilaa: [+251 91 267 5637](tel:+251912675637)
 - ✉ Iimeelii: emmpaeth@gmail.com
5. Waldaa Gaazexeessitoota Itoophiyaa
- 🌐 Marsaariitii: <https://oromiajournalists.com>
 - ☎ Lakkoofsa bilbilaa: [+251 94 455 0155](tel:+251944550155)
 - ✉ Iimeelii: oromiajournalists@gmail.com

6. Waldaa Gaazexeessitoota Naannoo Amaaraa
 - ☎ Lakkoofsa bilbilaa: [+251 91 871 8307](tel:+251918718307)
 - ✉ Iimeelii: amharamedia@gmail.com
7. Waldaa gulaaltota Itoophiyaa
 - 🌐 Marsaariitii: <http://www.editorsguild.org>
 - ☎ Lakkoofsa bilbilaa: [+251 11 855 0154](tel:+251118550154)
 - ✉ Iimeelii: editorsethiopia@gmail.com
8. Waldaa Tamsaasa Raadiyoo Uummata Itoophiyaa
 - ☎ Lakkoofsa bilbilaa: [+251 911 791 925](tel:+251911791925)
 - ☎ Lakkoofsa bilbilaa: [+251 913 209 322](tel:+251913209322)
 - ✉ Iimeelii: buzejcr12@gmail.com
9. Waldaa ogeessota Miidiyaalee
Sabqunnamtii Kibba Itoophiyaa
 - ☎ Lakkoofsa bilbilaa: [+251933575345](tel:+251933575345)
 - ✉ Iimeelii: Southethiommpa@gmail.com
10. Waldaa Gaazexeessitoota Naannoo Sumaalee
 - ✉ Iimeelii: srjoethiopia@gmail.com

11. Waldaa ogeessota Dubartootaa Miidiyaalee Sabqunnamtii Itoophiyaa

☎ Lakkoofsa bilbilaa: [+251 93 996 7688](tel:+251939967688)

✉ Iimeelii: ethiopianmwa@gmail.com

Jaarmiyaalee Idil-addunyaa Walabummaa Miidiyaalee Sabqunnamtii fi Nageenya Gaazexeessitootaa Tiksoo irratti Hojjetan

1. Rippoortersi Wiizaawut boordersi

🌐 Marsaariitii: <https://rsf.org/>

☎ Lakkoofsa bilbilaa: [+331-44-836-056](tel:+33144836056)

☎ Lakkoofsa bilbilaa: [+331-44-838-466](tel:+33144838466)

✉ Iimeelii: assistance@rsf.org

✉ Iimeelii: assistance2@rsf.org

2. Koree Tiksoo Gaazexeessitootaa(CPJ)

🌐 Marsaariitii: <https://cpj.org>

☎ Lakkoofsa bilbilaa: [+121-24-651-004](tel:+12124651004)

✉ Iimeelii: info@cpj.org

3. Keewwata-19 (Article-19)

🌐 Marsaariitii: <https://www.article19.org>

☎ Lakkoofsa bilbilaa: [+442-73-242-500](tel:+44273242500)

✉ Iimeelii: info@article19.org

4. Dhaabbata Miidiyaalee Sabqunnamtii Idil-addunyaa(International Press Institute)

🌐 Marsaariitii: <http://www.freemedia.at>

☎ Lakkoofsa bilbilaa: [+43-15-129-011](tel:+4315129011)

✉ Iimeelii: ipi@freemedia.at

5. Peen Internaashinaal (Pen International)

🌐 Marsaariitii: <http://www.pen-international.org>

☎ Lakkoofsa bilbilaa: [+442-74-050-338](tel:+44274050338)

✉ Iimeelii: info@pen-international.org

Dhaabbilee Idil-addunyaa Walabummaa Miidiyaalee
Sabqunnamtii fi Nageenya Gaazexeessitootaa Eegsisuuf
Hojjetan

1. Mootummoota Gamtoomanitti: Dhaabbata
Barnootaa, Saayinsii fi Aadaa (UNESCO)
 - 🌐 Marsaariitii: <https://www.unesco.org/en>
 - ☎️ Lakkoofsa bilbilaa: [+331-45-681-000](tel:+33145681000)
2. Mootummoota Gamtoomanitti Waajjira Komiishinera
Olaanaa Mirgoota Dhala Namaa (UNHCHR)
 - 🌐 Marsaariitii: www.ohchr.org
 - ☎️ Lakkoofsa bilbilaa: [+412-29-179-220](tel:+41229179220)
 - ✉️ Iimeelii: InfoDesk@ohchr.org